STAY SAFE MN

Ibsa gabaabaa qorannoo COVID-19 saffisaa: QuickVue

Bakki qorannoo COVID-19 hatattamaa mana keessaa kennan eessa?

Hawaasa keessan fayyaatti eeguufi tatamsa'ina COVID-19 hirrisuuf, Muummeen Fayyaa Minnesota (MDH) qorannoo COVID-19 saffisaa jiraattota Minnesotaatiff bakkamurtaawaa tokkotti kennuudhaaf eejensoota fayyaa naannoo, geggeessito fayyaa gosaa, qopheessitoota nyaataafi dhaabbilee uummata bu'uureffatan waliin hariiroo uumee jira.

Waanti keessummaan QuickVue qorannoo saffisaa keessa jiru maalidha?

Waanti keessummaan QuickVue qorannoo saffisaa keessa jiru vaayiresiin COVID-19 fidu adda baasuuf kan gargaarudha. Yoo mallattoo qabaattan, qorannichi COVID-19 qabaachuufi dhabuu keessan saffisaan adda isiniif baasa. Bakka kamittiyyuu qorannoo jiidha funyaan keessaa taasistanii daqiiqaa 10 keessatti bu'aa qorannoo keessanii argachuu dandeessu.

Qorannoo QuickVue yoom gargaaramuutu narra jira.

Mana keessan keessatti namoota waggaa 2 fi isaa oliirratti qorannoo QuickVue gargaaramuu dandeessu. Muummeen Fayyaa Minnesota sababa armaan gadiitiif akka qorataman jajjabeessa:

- Mallattoo COVID-19 yoo qabaattan;
- Yoo nama COVID-19n qabame waliin walitti dhufeenya qabaattan;
- You might have been exposed to someone who has COVID-19;
- Yoo nama COVID-19n qabametti saaxilamtaniittu ta'e;
- Bakka namooti itti heddummatan deemuu dura.

Yoo qoratamtanii garuu mallattoohin qabdan ta'e, maaloo qajeelfama QuickVue ilaalaa, ykn Qajeelfama Addaan of Baasuu MDH ilaalaa: https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/quarguide.pdf.

Meeshaalee qorannoo san akkamiinan fayyadama?

Qorannoon QuickVue sadarkaa 5n hojjeta. **Maaloo qajeelfama guutuu kuusaa meeshaa qorannoo kana keessatti argamu hordofaa**. Qorannichi akkamitti akka adeemsifamu ilaaluuf, suursagalee kana daawwadhaa: https://quickvueathome.com/#video_testkit-2.

Yoo ani mallattoo qabaadhee garuu yerroon qorannoo QuickNue n ilaalamu ammoo kan hin qabne(negatiiva) ta'ehoo?

Yoodhuma bu'aan qorannoo saffisaa negatiiva ta'eyyuu, namni mallattoo qabu tokko qorannoo COVID-19 PCR fudhachuu qaba akkasumas hanga mallattoon sun sa'atii 24 keessatti badutti hojiisaa idileetti deebi'uu hin qabu. Filannoo qorannoo PCR mn.gov/covid19. Irraa argadhaa Waayee mallattoolee keessanii yoo gaaffii qabaattan dooktara ykn dhiheessaa kunuunsa fayyaa keessan qunnamaa.

Yoo bu'aan qorannookoo QuickVue pozatiiva ta'ehoo?

Yoo bu'aan qorannoo keessanii pozatiiva ta'e mana turaa, namootarraa fagaadhaa. Yoo mallattoo qabaattan, doktoora ykn kennitoota kunuunsa fayyaa quunnamaa. Qajeelfama fayyaa hawaasaa asirra jiru hordofaa: https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html.

Yoon gaaffii qabaadhe maalin godha?

Maaloo Muummee Fayyaa Minnesota sarara bilbilaa uummataa irratti bilbilaa 1-833-431-2053, Wiixataa hanga Jimaataatti ganama sa'a 9 hanga galgal keessaa sa'a 7tti akkasumas sanbata duraa ganama sa'a 10 hanga galgala sa'a 6tti banaadha.